“Muslimni hundinuu torbaanitti guyyaa tokko dhiqachuuf dirqama qaba, yeroo sanatti mataa fi qaama isaa dhiqata”

Abuu Hureyraa irraa odeeffamee akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan. “Muslimni hundinuu torbaanitti guyyaa tokko dhiqachuuf dirqama qaba, yeroo sanatti mataa fi qaama isaa dhiqata”.

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akka himanitti: Muslima ga’eessa sammuu qabu hunda irratti torbaanitti guyyaa tokko dhiqachuun haqa jabeeffamaadha, guyyaa kana keessatti mataa fi qaama isaa ni dhiqata, qulqullina barbaaduuf jecha, irra caalaan guyyoota kanaa guyyaa jum'aati, akkuma hadiisa tokko tokko irraa hubatamutti. Guyyaa jum'aa salaata duratti dhiqachuun akkaan jaalatamaadha, fakkeenyaf osoo guyyaa khamisaa dhiqatellee, dhiqatinsi guyyaa jum'aa waajiba ta'uu irraa wanni dhoorgu jecha Aa'ishaati -Rabbiin irraa haa jaalatu-: "Namoonni hojii adda addaa hojjachuun khaadima lubbuu ofii turan, yeroo gara jum'aa deeman akkuma jiranitti kan deeman ta'an, kanaaf akkana isaanin jedhame: osoo dhiqattanii", Bukhaaritu gabaase. Gabaasa biraa kan isaa keessatti: "isaanif fooleetu ture", foolee dafqaati fi waan biroo, sanuma wajjiin akkana isaanin jedhame: "Osoo dhiqattanii", kan isaanin akkana jedhame nama birotti daran jabeeffama.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/65084